Geerarsa Nama Leenca Ajjeesee

Loon keessan dachaafadhaa,

Leenca koon bobbaafadhaa,

Leenca anffaarroon daggalaa

Nat-ajjeesee maggalaa!

Kolol- kololii booraa,

Abbaa jabboota booraa

Nat-ajjeesee ittiin kooraa,

Abbaa joffee daggalaa

Nat- ajjeesee maggalaa!

Nat-ajjeesee maggalaa!

Dubarri godoon bultuu,

Kan haadha moote malee,

Ijoolleen booran simattuu,

Nan gaalamoote malee!

Ya harmee koo danbalaatu,

Ya harmee koo danbalaatuu,

Ya harmee mucaa maraatuu,

Qal‟oon kee dhibeen naatuu,

Mucaan kee gaalamoottee,

Kan leenca harkaan haboottee!

Kan leenca harkaan haboottee!

Leenca daggala keessaa,

Ibidda saafaa keessaa,

Yooman dhaqee seesuusaa,

Dha‟een buse ceekuu isaa,

Daggalarra qaariseen,

Qarriffaan facaasisee!

Qarriffaan facaasisee!

Isoobboo koo yadaalee,

An sanyii keen wallaalee,

Gammoojjiin taa‟iin jedheen,

Baddaattol si baase kaa,

Lafan adeemiin jedheen,

Mataattol si baase kaa!

Mataattol si baase kaa!(ObboShuree Fayyeeraa)

Geerarsaa Nama Gafarsa Ajjeesee

Boorantuulee, boorantuulee

Natu ajjeesee maggalaa,

Yemmuuttin manaa bahe,

Sinbirroo ta‟een bahee,

Simbirroo barii himtuu,

Weenniin baddaa kooriftuu,

Hundi firaa na jibbee,

Hundumtuu na tuffatee,

Hundaan jibbisiisekaa.

Yemmuun ajjeesee galee,

Hundumti na dhungate,

Hundumti natti sirbe,

Hundumtuu na gonfee,

Hoomaan diriirsee kaa,

Gootan sirbiisisee kaa!

Gootan sirbiisisekaa! (Obbo Abdiisaa Dalasaa)

Gurraaleen maal fakkaataa,

Gubaa arfaasaa fakkaata,

Tunnaan goondaa fakkaataa,

Duunaan qoosaa fakkaataa,

Namni ijasaa argee,

Mimmixa tumeen nyaatu,

Namni gaafa isaa argee

Eeboo bodeen qabatuu,

Kan dabeessa duuffisuu,

Kan jagna gugguufsisuu,

Ijisaa diimaa halluu,

Gaaffisaa biilaa garbuu,

Buwwuutu taphachiisaa,

Imimmaan haqachiisaa,

Addisaa godannisaa,

Argisaa soodaachisaa!

Argisaa sodaachiisaa! (Obbo Abdiisaa Ajjamaa)

Duumessa gadi roqee,

Yooman sodaadhe bokkaa

Gurree goodaa dammaqee,

Yooman sodadhe kolbaa,

Ittan adeeme kolfaa

Ittan deemee kokkolfaa!

Ittan deemee kokkolfaa!

Yemmuu gurreen shokoksee,

Yooman jalaa sokoksee,

Gub-jedheen jala taa‟ee,

Akka kajeeltuu saree,

Marmareen afaan kaa‟ee,

Akka soortuu abbaa warraa!

Akkaa soortuu abbaa warraa!(Obbo Baay‟isaa Caalumaa)

Gurraalee gurra raasaa

Nan dhahe gurra haadhasaa,

Lufii walitti baanee,

Gudii walitti baane,

Gurreen gaafa barcumaa,

Hin sodaanne tasumaa,

Gambeelloottin naanneessee,

Maskeettoottin xaaxessee,

Iddoon ilaaleen dhahee,

Lafa garaa koon gahee,

Gurraalee garaa dhoqqee,

Bira gaheen itti hodhee,

Bodee koo mirmirfamaa,

Akka jarjartuu namaa,

Ol ka‟een afaan kaa‟ee,

Akka jirma luugamaa,

Dub-godheen lafaan dhahee,

Akka qoraan masqalaa,

Naanna‟een itti sirbee

Akkayyoo koo masqalaa

Akkayyoo koo masqalaa (Obbo Gamsiisaa Baqqalaa)

Qaxaleen abbaa kootii,

Daggalarra qaariseen,

Dangajan facaasisiisee!

Irraan gadee kuffisee,

Huba qoonqoon mul‟see,

Dhoofnaan lafa gogoosee,

Muka dhaanquu jalatti,

Duunaan yaabeen dhodhoosee,

Akka ka‟een gallettii,

Faachasaan marxaa baasee,

Muka dame hin qabnnettii,

Muka dameen qabnnettii!

Muka dameen qabnnettii! (Obbo Gamsiisaa Baqqalaa)

Aduu gaafa duree

Aduugaafayyaan duraa,

Hinuman ayyaanta‟ee,

Lafa garaa koon gahee,

Harkii koos nan rommi‟nee,

Namnis nan gorsinee,

Akka makaan hin cabnee,

Milla kootiin qixxeesseen,

Akka qiyyaafiin banne,

Ija kootiin qalbiseen,

Bakkan ilaale dhahee,

Lafa garaa koon gahee!

Lafagaraakoongahee! (Obbo Abdiisaa Ajjamaa)